

# Treasure Hunt


## Qajeelfama Barsiisaa



## Haasawa Herregaa

### Jechoota Daa'imaa:

| Jechoota Herregaa | Hiikkaa Umurii Sirrii | Sochii Harkaa |
|---|---|---|
| Amala | "Wanti tokko maal akka fakkaatu, miira akkamii akka namatti uumu yookaan dhamdhama akkamii akka qabu" | Ijatti quba qabaa |
| Adda baasi | "Wal fakkeenyummaa irratti hundaa'uun gareessuu" | Harka lamaanu aboottifadhaa |



### Jechoota Ga'eessaa:

| Jechoota Herregaa | Hiikkaa: |
|---|---|
| "Yeroo tokkotti amala lamaan adda baasa" | Kuni oolmaa daa'immaniitiif qophaa'uurraa wanta eegamu kan adda ittiin baasaniiti. Fakkenyi tokko yeroo tokkotti halluu fi bocaan yeroo adda baasuu ta'a. Gareewwan rogsadeewwan cuquliisaaf, kan biraan rogsadee dhiilgeedhaaf, kan biraan geengoo cuquliisaf, kan biraan geengoo dhiilgeedhaaf fi kkf ni jiraatu. |

**Ofitti-Dubbachuu:** Yeroo gochawwan keessan himtanii dha. Fakkeenyonni muraasni akkamiin akka ofitti-dubbachuu fayyadamuun adda baasuu fi ramaduu itti shaakalan kunooti.

- Yeroo uffata miiccitan, "adda baasuun qaba, yookaan uffata hunda akka haalludhaan gareetti qoodun qaba. Qomee adii kana fooxaawwan adii waliin, jiinsiiwwan cuquliisa kanneen ammoo kaalsii cuquliisa waliinan kaa'a jedhaa.
- Yeroo meeshaalee nyaataa ol keessan "caabii hunda wal faana baattoo irran kaa'aa, fallaanota hunda ammoo waliinan qabduu keessa kaa'a jedhaa. Meeshaalee nyaataa gosaanan adda baase!

**Haasawa-Bukkee:** Yeroo gochaawwan daa'imichaa himtaniidha. Fakkeenyonni muraasni akkamiin akka haasawa-bukkee fayyadamuun adda baasuu fi ramaduu itti shaakalan kunooti.

- Yeroo nyaattan, "muraa aappilii hunda gartokkee sahaanii keetii irra akka keesse akkasumas injoorriiwwan hunda ammoo gartokkee biraa sahaanii keetii irra akka keesse nan arga. Fuduraa kee adda baastee jirta!" jedhaa.
- Yeroo qulqulleessitan,"ashaangulliitii konkolaataa kee hunda saanduqa tokko keessa akka keesse, bilookiiwwan kee hunda ammoo baattoo irra akka keesse nan hubadha. Ashaangulliitii kee adda baastee jirta!" jedhaa.

## Ijaari

### Tarsiimoowwan Barsiisuu Kaayyoo WARQII:

**13 Dandeettiiwwan Ramaddii Fayyadama**
(Burtukaana, Keelloo, Magariisa, Cuquliisa, Dhiilgee)
Meeshaa wal fakkaatu walitti firoomsa. Wantoota garee lamaan yookaan isaa oliin akkaataa adda addummaa amala qeenxeetiin (bifaan, hangaan, fi bocaan) teessisa. Wantoota amala tokkoon gartuutti qooda, itti fufuun amala adda addaa fayyadamuun ammas gartuu biraatti qoodudhaan sababa isaa eera. Wantoota amala tokkoo oliin yeroo tokkotti gareetti qoodun waljala jijjiira akkasumas yeroo gaafatamutti seerota adda baasuu ibsa.

## Taphadhaatii Hariiroo Uumaa

Yaadoliin muraasni itti fufanii taphachuu fi waa'ee adda baasuu akkasumas ramaddii barachuu kunooti.

### Daricha Keessatti:

- Barattoota akkaataa amaloota adda addaatin adda baasaa. Barattoota akka isaan waa'ee amalaa (umurii, bifa t-shartii, dheerina uffata naanno harka haguuguu, kkf) yaadan gaafadhu. akkasumas sana booda barattoota gareewwanitti adda qooduf amala tokko fayyadamaa. Amala haaraa fayyadamuun irra deebi'aa yaalaa.
- Yeroo gidduudhaa/filannoo bilisaan qulqulleessan, barattoonni akka isaan ashaangulliitii isaanii amala haaraan kaa'an (fakkeenyaaf, bilookiiwwan bocaan osoo hin taane hangaan akka kaa'an) gaafachuuf yaalaa.

### Daawwanaa Manaa:

- Yeroo nyaataatti, waa'ee gosoota nyaata adda addaa haasa'aa (fudura, kudura, midhaan, kkf). Nyaata keessan gosoota kanneenitti qooduuf yaalaa.
- Yeroo uffata miiccitan, kaalsii adda baasuuf waliin hojjedhaa. Kalsii kamiifuu cimdii isaa argachuu danda'uu keessan ilaalaa. Akkamitti akka kaalsiin cimdii walii ta'uu ykn hin taane isaa itti beektan haasa'aa.
- Deemsa miilaf ala deemaa. Uumama irraa wantoota garaa garaa funaanaa. Wantoota walitti qabdan gosaan adda baasuu danda'uu keessan ilaalaa. Garee tokko baalotaaf, kan biraa mukootaf, fi sadaffaa dhagootaf qopheessaa.

Waa'ee herreega taphachuu dabalata asi irraa baradhaa
**www.zenomath.org/partner-resources/**

## TARREE WARQII TS

| Sadarkaa Taphaa | Maqaa/ Ibsa |
|---|---|
| SANYII Waggoota 2 | **Hubachiistuu Wal Fakkeenyummaa:** Ijoolleen karaa ta'e wayiitin wantoonni lama yookaan isaa ol akka wal fakkaatan ni hubatu. "Sareen biraa jira" Jedha. |
| SANYII Waggoota 3 | **Addaa Baasaa Amalaa:** Ijoolleen karaa ta'e wayiitin wantoonni lama yookaan isaa ol akka wal fakkaatan ni hubatu. "Sareen biraa jira" Jedha. |
| BIQILA Waggoota 4 | **Amala Qeenxee Adda Baasaa:** Ijoolleen amala qeenxee irratti hundaa'uun adda baasuu danda'u. Ijoolleen bilookiwwan bifa isaanii irratti hundaa'uun adda baasuu danda'u. |
| BIQILA Waggoota 4 | **Adda Baasaa Amala Danuu:** Ijoolleen wantoota amala wal fakkaatuu tokkoon gareetti qooduu danda'u, itti fufuun amala adda addaa fayyadamuun ammas gareetti goodun sababa isaa eeru. "Kunniin kolbaawwan geengoo, kunneen ammoo kolbaawwan iskuweeriiti" jedha. Itti fufuun kolbaawwan irra deebi'ee haalluudhan adda baasa. |
| ABAABOO Waggoota 5 /Oolmaa Daa'immanii | **Adda Baasaa Dhaabbataa:** Wantoota yeroo tokkotti amala tokkoo oliin gareetti qooda. Seerota adda baasuu wal jala jijjiirun sababa isaa ibsa. "Kolbaawwan diimaa geengoo hunda asin kaa'a, kolbaawwan iskuweerii diimaa ammoo asin kaa'a" jedha. |




### Kitaaboota Dubbisuuf Gorfamu:

A Pair of Socks
by Stuart J. Murphy

### Sirba Gorfamu:

One of These Things
by Sesame Street